# Mirgoota fi Eegumsawwan keessan Kaffaltiiwwan Wal'aansa Fayyaa Hin Eegamne irratti

Yoo dhiheessaa neetworkiin alaatiin hospitaala ykn wiirtuu baqaqsanii yaaluu ambulaansii neetworkiin keessaatti kunuunsa hatattamaa argattan, kaffaltii hin eegamne ykn kaffaltii garaagarummaa irraa ni eegamtu.

## Kaffaltiin garaagarummaa (ykn kaffaltiin hin eegamne) maal?

Karoorrwwan inshuraansii fayyaa yeroo baay'ee gahee kaffaltii wal'aansa fayyaa keessanii **neetworkii-keessatti** (garee dhiheessitootaa fi dhabbilee keessatti) uumame haguugu.

Osoo hin eegamiin kunuunsa neetworkiidhaan alatti yooisin barbaachise **dhaabbanni inshuraansii** keessanii garaagarummaa kaffaltii neetiworkii keessaa fi neetworkiin alaa (kaffaltii garaagarummaa **jedhamu) akka kaffaltan isin gaafachuu mala.** Kaffaltiin kunis hamma waggaattii kiisii keessanii kaffaltan irratti lakkaa'amuu dhiisuu mala. Kaffaltiin garaagarummaa "kaffaltii hin eegamne (surprise billing)" jedhama, sababii kaffalticha osoo hin eegamiin fudhattan ta'eef.

## Kaffaltii garaagarummaa irraa eegumsawwan

Tajaajiloota neetworkiin alatti argattaniif kan hamma baasii qooddachuu neetworkii keessaa (kaffaltii-waloo (copay), inshuraansii-waloo (coinsurance) ykn kan hir'ifamu) caalaa akka hin kaffalchiifamne seeroonni akka isin eeganiif kaa'amanii jiru.

### *Kunuunsa yeroo hatattamaa dhiyyeessaa ykn dhaabbata neetworkiin alaa irraa*

Kaffaltiin olaanaa tajaajiloota yeroo hatattamaatiif kaffaluu dandeessan hamma kaffaltii- qooddannaa karoora neetworkii-keessaa keessaniiti. Kunis tajaajiloota erga tasgaboofteen booda argachuu maltan dabalata, **yoo** kaffaltii garaagarummaa tajaajiloota sanaaf akka isin kaffalchiifnu waliigaltee barreeffamaa mallatteessitan ta'e malee.

### *Hospitaalotaa fi wiirtuuwwan baqaqsanii yaaluu neetworkii keessan jiran*

Hamma baasii qooddannaa karoora neetworkii keessaa keessan qofa kaffalchiifamuu dandeessu yoo:

- Hakiima gargaaraa baqaqsee yaaluu, ogeessaa hospitaalaa ykn ogeessa beekamtii boordii qabu kan neetworkiin alaatiin ilaalamtan.
- Yoo tajaajiloota qoricha hadoochaa, paatoloojiif, raadiyooloojiif, niyoonaatolooji laaboraatorii ykn kunuunsa hatattamaatiif neetworkiidhaan ala fudhattan.
- Dhiheessan isin bira deemtan neetworkiin ala ta'uu yoo hin beekne ykn yoo dhiheessan neetworkii keessaa hin jiraanne ta'e.
- Tajaajilawwan argattan na barbaachisa jettanii hin yaannee yoo ta'e.
- Dhiheessaan neetworkii keessaa qorannoof samuuda isin irraa fudhatee gara dhaabbata qorannoo neetworkiin alaatti eeyyama barreeffamaa keessan malee yoo erge.

Tajaajiloota armaan olitti tarreeffamaniif, dhiheessaan keessan neetworkiin alaa, kaffaltii garaagarummaa isin kaffalchiisudhaaf eeyyama barreeffamaa

Kaayyoowwan odeeffannoo kennuu qofaaf. Gorsa dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessan bakka buusuf miti.
Copyright © 2021 Fairview Health Services. All rights reserved. SMARTworks 525559or – 12/21.

keessan qabaachuu qaba. Eeyyamicha mallatteessun kaffaltii garaagarummaa akka hin kaffalchiifamne eegumsa isiniif kenna. Dhiheessaan eegumsa kana akka dhiistaniif isin gaafachu hin danda'u.

## Eegumsawwan biroo

Yeroo kaffaltiin garaagarummaa hin eeyyamamne, qooda kaffaltii keessanii (kan akka kaffaltii waloo (copay), inshuraansii waloo (coinsurance) ykn hir'isawwan yoo dhiheessichi ykn dhaabbanni kan neetworkii keessa ta'e) kaffaltan qofaaf itti gaafatamaa taatu.

Karoorri fayyaa keessan waliigalatti dirqama:

- Osoo tajaajilawwan yeroo hatattamaa argachuuf dursa eeyyama (dursaan mirkaneeffamuun) hin barbaachifnee haguguu qaba.
- Tajaajilawwan yeroo hatattamaa dhiheessitoota neetiworkiin alaatin kennaman haguuguu qaba.
- Baasii qooddachuu-tajaajilawwan hatattamaa keessan kan dhiheessaa ykn dhaabbata neetworkii keessatiif kaffalu irratti hundaa'u qaba. Hammi kun Ibsa Faayidaalee keessan keessatti agarsii-famuu qabaata.
- Hamma isin tajaajilawwan hatattamaatiif ykn tajaajilawwan neetworkiin ala kaffaltan kamiyyuu hir'ifamootaa fi hamma kiisii keessanii kaffaltan irratti lakkaa'uu qaba.

Kunuunsa neetworkiin ala akka argattan isin irraa hin eegamu; dhiheessaa ykn dhaabbata neetworkii karoo-ra keessanii keessa jiru filachuu dandeessu.

**Eegumsa kaffaltii garaagarummaa irraa eegamuu akka dhiistan gonkumaa hin gaafatamtan.**

### Jechoota beekuu qabdan

**Neetworkiin** garee dhiheessitoota kunuunsa fayyaa (doktoroota, ogeessota baqaqsanii yaalan, ogeessoota addaa, kkf.) fi dhaabbilee (hospitaalota, kiliinikoota, wiirtuuwwan baqaqsanii iyaaluu, kkf.) karoora inshuraansii fayyaa waliin hojjechuuf waliigalanii jirtu.

**Neetworkiidhaan ala** dhiheessitootaa fi dhaabbilee karoora fayyaa waliin kontiraata hin mallatteessine ibsa. Wal'aansi neetworkiin alaa wal'aansa walfakkaataa neetworkii keessatti godhamu caalaa baasisuu mala. Akkasumas hamma waggaatti kiisii keessanii kaffaltan (out-of-pocket limit) irratti lakkaa'amuu dhiisuu mala.

**Kaffaltii garaagaruummaa** yeroo dhiheessaan kunuunsa fayyaa osoo hin eegamiin baasii neetworkiin alaa inshuraansiin hin haguugamne isin kaffalchiisudha.

**Baasii qooddachuun** yeroo inshuraansiin fayyaa gatii kaffaltii qooddachuu ykn inshuraansii qooddachuu wal'aansa keessaniif isin kaffalchiisudha.

## Odeeffannoo dabalataatiif

**Yoo dogongoraanan akka kaffalu taasifame jettanii amantan, 1-800-985-3059 dubbisuu dandeessu.**

Waa'ee mirgoota seera federaalaa jalatti qabdanii irratti odeeffannoo dabalataa argachuudhaf www.cms.gov/nosurprises/consumers daawwadhaa.

Waa'ee mirgoota seera Minnesota jalatti qabdanii irratti odeeffannoo dabalataa argachuudhaf www.ag.state.mn.us/consumer/health/default.asp daawwadhaa.